# GAAFIIFII DEEBII POOLISAA
## UMMATA DARDARA WAJJIIN

Ibsa warraa

oromo


Ilmi kee badii argame keessa jiratti shakkamee mana Poolisaatti waamamte. Poolisni ilma kee waa'ee kanarratti qorachuu barbaada.

Seerrri nama 18 tii gadii yammuu Poolisni qoratu warri isaa yookin isii bira jiraachuu qaba jedha. Ammoo yoo warri argamuu dhabe nama leenjifamaa Poolisa hin ta'in bakka buusa.


## 1.

### Maal godhuu qabda?

- Ilma kee gargaaruuf galma Poolisaa dhufte.
- Nagaa qabaachuu isaaniifii yoo nyaataafii dhugaatii fedhan, yookin haakima arguu yookin mana fincaanii fedhan gaafadhu..
- Yoo ilma keetii hin galle sitti fakkaate yookin yoo dhukkube Poolisatti himi.
- **Atiifii ilmi keellee nama afaan hiiku argachuuf mirga Qabdu.** Yoo feetan Poolisa gaafadhaa.




- Yoo fedhe akka ilmi kee xabaqaa argatu gorsi. **Gorsa Seeraa bilaashitti** bilbila **1300 79 11 89** argachuu Oromo Danda'. **Akka Poolisni bilbila kana waamu gaafadhu.** Daqiiqaa kudhan keessatti xabaqaan ilma kee deebisee dubbisa galma kanatti.




## 2.

### Maaltu ta'uuf deema?

- Gaafiifii deebii dura akka ilma kee wajji dubbatu carraan sii kennamuu qaba.
- Kana booda Poolisni ilma kee gaafata. Gaafiifii deebiin ni sajjalama.



4721-1_YACVIC_OROMO.indd 1 31/5/07 10:09:08 AM

YRIPP
Youth Referral and Independent Person Program

# 3.

## Yaroo gaafiifii deebii yaadadhu:

- Ilmi kee maqaafii teessoo Poolisa himuu Qaba.
- **Ilmi kee gaafii biraa deebisuu dhabuu mirga qaba.** ‘Yaada hin qabu’ jedhee deebisuu danda’a gaafii hundaa. Kun galama poolisa irraa bahuu isa hin dhooggu. Waan inni deebisa mana seeraatti itti ooluu danda’u. Ammoo seerri **deebii deebisu** dhabe jedhe balleessaa itti mursiisu.
- Ilmi kee waan isaa hin galin Poolisa gaafachuu danda’a.
- **Waan isaa hin galin fudhachuu hin qabu gaafii Poolisa deebisuu jedhee.**

# 4.

## Gafiifii deebii booda

- Yoo Poolisni mallattoo/ashaaraa qubaa ka iraa fuudhu taate bira jiraachuu qabda.



- Qoondaalli Poolisa siifii ilma kee itti quufuu keessan Isin gaafata. Yoo waan godhametti hin quufin itti himuu qabdan.
- Ilmi kee ‘Seerata’ argachuu danda’a. Kun ammo waan jabaa Poolisa irraa kennamu. Kana jechuun ilmi kee waan godhe fudhate ammo mana seeraa deemuu hin qabatu, badiinis hin galmaahu.
- Yoo ilmi kee ‘Of eegii’ hin argatin haalli asii gadii ta’utu mala:
  - Ilmi kee baditti sirraahe, ammo galma Poolisa irraa bahuu danda’a. Guyyaa qabametti mana seeraa daquuf barruu mallatteessan. Waan biroollee itti daaluu danda’a Poolisni.; yookin
  - Ilmi kee galma Poolisa irraa baha, boodarratti mana seeraa dhihaachuuf xalayaa argata. Xalayaan guyyaafii saa’aa itti dhihaatan addeessa. Xalayaan kun ‘dhihaachuu’ jedhama.; yookin
  - Haala jabatti, Poolisni ilma kee tursiisuu danda’a hamma guyyaa inni mana seera dardaraa dhihaatutti. Kun ‘mana hidhaa tursiisuu’ jedhama. Kun taanaan gorsa seeraa argachuu qabda. Kana malee eessa turaafii akkamitti qunnamtaa Poolisa gaafadhu.
- Yoo mana seeraa ka dhaqu ta’e wajjiin dhaquu qabda.

> *‘ilmaan manatti yoo eeggamaniifii tumsa qabaatan balleessaa irraa fagaachuu danda’an. Kanaaf biratti argamuun tumsa ta’aaf. Kun murtii laafaan akka itti muramu godha’.*
>
> Seera Murtuu Jennifer Coate
> Preezidantii Duraanii,
> Mana Seeraa Dardaraa Viktooryaa

Ibsi kun Sagantaa Mataa Dhuunfaatiifii Qajeelcha Qeerrootiin qindeeffame. Gorsa seeraatiimiti. Ummanni daradarri gorsa seeraa **galma Poolisaatti** bilaashiin 1300 79 11 89 bilbiluun argatuu danda’u. **Galma Poolisaati ala** bilbila seera dardaraa(9611 2412) yookin Tumsa Seera Viktooriyaa(92690407) qunnami. YRIPP iin ibsa kanarratti gaafatama wayiituu hin fudhatu. Ibsi kun dhugaadha haga guyyaa 02 Hagyya/August, 2006 tti.

YRIPP iin Galama Baayyinna Aadaa Sirna Dardaraa, Murna Sirna Dardara Viktooriyaa, Poolisa Viktooriyaa, Walii gala Galma Seera Hawaasaa, Tajaajila Seera Aborigina Viktooriafii Badiifii Miidhaa Oolchaa(Sagantaaf horii baase) wajjiin walii galtee qaba.